# *WAAQAYYO HIIKAA MATAA ISAATI*

Abbaa keenya Waaqarraa, Sagaleen Si biraa dhufu kan namni kam yoomiyyuu godhu ykn jedhu nuuf caala, sababa kanaaf namoonni Si arguuf eegaa jiru. Akkasumas si galateeffanna sababni isaa kan si eeggachaa jiran waan jiraniif, waan tokko akka gootu barbaadaa jiru. Uummanni yeroo waan tokko dheebotan immoo, Gadi fageenyi gara Gadi fageenyaatti waama, waamicha sanaaf deebii kennuuf Gadi fageenyi jiraachuu qaba. Halkan kana kan as jirruuf kanaafidha, sababni isaa laphee tajaajiltoota kanaa, fi saba kanaa keessa waan tureef, tola kee fi eebba kee akka Si kadhannuuf walitti nu waamte, dhukkubsattoota fayyistee warra badan oolchitee, Sagalee kee akka mul'iftu amanuudhaani.

2 Abbaa keenya Waaqarraa, guyyaadhaa guyyaatti gad of deebisnee yeroo Si eeggannu, akka nuuf raawwattuuf, Si kadhanna. Dhangala'iinsi Hafuura Qulqulluu—akkasii haa jiraatu, namni hundinuu Waaqayyoon alatti waan naannoo isaa jiru kamiifiyyuu jaamaa haa ta'u. Waaqayyoon dheebochuun, iyyi guddaan saba gidduutti ba'u akkasii haa jiraatu, hanga sochiin hafuuraa guutuun biyyattii keessatti dhufutti akkasumas hanga waldaan hundi namootaan guutamtutti, cubbamoonni araara Waaqayyoo argachuuf hanga iyyanitti, akkasumas—akkasumas Hafuurri Qulqulluun dhukkubsattoota fayyisaa, naafa adeemsisaa, warra du'anis kaasaa; wantoota Sagalee Kee keessatti abdachiifamne kana nuuf haa raawwatu.

3 Gooftaa Yesuus, kottuu, kakuu Kee raawwadhu. Halkan kana gara keenya koottu. Ati kaleessa, har'as, bara baraan isuma sana akka taate, kakuun Kee akka hin hafne ni amanna. Waaqnii fi lafti ni darbu Sagaleen Kee garuu hin darbu. Sammuun keenya nuuf haa banamu. Hafuurri Qulqulluun dhufee lafa duwwaa haa sirreessu. Galgala kana sammuun keenya Hafuuraa fi humna Waaqayyoof banamaa haa ta'u, Sagalee abdachiifame karaa keenya akka mul'isuuf. Maqaa Yesuusiin si gaafanna. Ameen.

4 Amma, galgala kana, warri caaffata ilaaltan, Macaafa Qulqulluu keessaa Ergaa Pheexiroos isa Lammaffaa haa baafannu. lakkoofsa 15ffaa irraa jalqabnee, Caaffata Qulqullaa'oo irraa yeroo muraasaaf haa dubbannu.

> *Erga ani godaanee booddee immoo wanta kana yeroo hundumaa akka isin yaadachuu dandeessan gochuudhaaf nan dhama'a.*
>
> *Nuti* mala *haxxummaan ta'een, oduu duriin hin hordofne, Gooftaan keenya Yesuus Kiristoos humni isaa fi deebi'ee dhufuun isaas isin biratti akka beekamu*

*yommuu goone, nuyi surraa guddina isaa ija keenyaan kan argine beeksifne.*

5 “Ija keenyaan kan argine” kan jedhu kun natti tola. Oduu durii wayii miti. Waan dubbannu kanaaf nuti ragaadha.

*Inni Waaqayyo Abbaa biraa ulfinaa fi guddina yammuu fudhate, sagaleen isa guddicha surra qabeessa biraa dhufeeraaf. Kun Ilma koo isa Ani jaalladhu, isa gammachuun koo itti raawwatamuu dha.*

*Nuyi warri gaara qullaa’aa gubbaatti isaa wajjin turre immoo, sagalee waaqa irraa isaaf dhufe kana dhageenyeerra.*

*Ammas dubbii raajiin mirkanaa’e kan caalu qabna; kanaaf of eeggannoo gochuun keessan gaarii ta’a, akka ifa isa iddoo dukkanaa’aa. . . keessatti ibsuutti, hamma boruun baqaqutti, urjiin guyyaas laphee keessan keessatti hamma ba’utti:*

*Raajiin macaafa qulqulluu akka namni tokko yaada ofii isaatiin kennutti hiikamuun akka hin taane, dursitanii beekuun isinirra jira.*

*Raajii dubbachuun* bara *durii jaalala namaatiin hin taane: garuu namoonni Waaqayyoof qulqulla’an hafuura qulqulluun geggeefamanii dubbatan.*

6 Gooftaan Sagalee Isaa dubbifame irratti eebba Isaa nuuf haa dabalu. Amma, mata duree kana fudhachuun barbaada: *Waaqayyo Hiikaa Mataa Isaati.*

7 Guyyaa burjaajjii keessa jiraachaa jirra. Bara namootni waan godhan baay’ee hin beekne keessa jiraachaa jirra. Wanti hundi, jeequmsa keessa waan jiru fakkaata. Wanti hundi, karaan adda addaa ittiin ilaalan baay’een waan jiran fakkaata. Kana kan godhu, Seexana.

8 Amma, Waaqayyo ulaagaa wayii Inni ittiin faradu yoo jiraate malee, saba tokkotti qajeelinaan, sirriitti faraduu hin danda’u. Macaafni Qulqulluun immoo nama hundumaatti Yesuus Kiristoosiin akka faradu dubbata, Yesuus Kiristoos immoo Sagaleedha. Wangeela Yohaannis boqonnaa 1ffaa irratti akkas jedha:

*Jalqaba Sagaleetu ture, Sagaleenis Waaqayyoon bira ture, Sagaleenis Waaqayyoon ture.*

*Sagaleen immoo foon ta’ee, nu gidduu buufate,. . .*

9 Amma, har’a hundi keenya wanti nuyi goonu amaloota Isaa calaqqisiisuu qofa. Waaqayyo. . . Tokkoffaa Inni Waaqayyoon iyyuu hin turre, nuyi Waaqayyoon, “isa Bara Baraa” jennee Isa waamna turre. Inni Waaqayyo hin turre, sababni isaa jechi (jecha Ingiliffaa) *Waaqayyo* jedhu “waan waaqeffatamu” jechuudha, kan Isa waaqeffatus hin turre. Kanaaf Inni kan Bara Baraati,

Bu—Burqaa guddaa yaada hundaati. Burqaa yaadaa hundumaa kana keessas atoomiin, moliikiyuuliin, homtuu hin turre, ifni eessayyuu hin jiru, urjiin, ji'is, homtuu hin jiru. Waaqayyo, wanti nuti akka Waaqayyootti beeknu, Hafuurri guddaan inni Bara Baraan ture (gonkumaa jalqaba hin qabu, gonkumaa dhuma hin qabu), Inni kan turedha. Isa keessa immoo amalootatu turan: innis amaloota Waaqayyo ta'uu, amaloota Abbaa ta'uu, amaloota Ilma ta'uu, amaloota Oolchaa ta'uu, amaloota Fayyisaa ta'uuti. Amaloonni kun hundi Isa keessa turan. Amma immoo Inni . . . Wantoonni ifatti bahan kun amaloota Isaa mul'achaa jiranidha.

10 Wanti ani jechuu barbaade, *amalootni*, "yaada" Isaa turan. Akkasumas—*sagaleen* "yaada ibsamedha." Egaa sun yaada Isaa keessa ture. Akkasumas yeroo Inni, "Haa ta'u," jedhu ni ta'a. "Haa ta'u," ni ta'a.

11 Ammas, yaadadhaa, isin kiristaanonni osoo biyyi lafaa hin uumamin dura yaada Isaa keessa turtan. Isin mul'ata yaada Isaati. Biyyi lafaa osoo hin uumamin dura, jalqaba Kiristoos keessa, (ameen) Waaqayyoon keessa turtan. Argituu, sun, egaa, namoota Isaa bitaman isin taasisa. Waaqayyo immoo wanta hunda, Ofii isaa, Ofii isaa qabatamaa godhee mul'isuun kanaaf Inni qaqqabatamuu, ilaalamuu fi—fi kan biroo ta'uu danda'e. Kanaaf wanti hundi, maalummaa Waaqayyooti.

12 Namoonni akkas jedhu, "Hiikkaan isaa . . ." Ani yeroo dhiyoo asitti walga'ii tokko irratti dubbachaan ture, namichi tokko akkas naan jedhe, akkas jedhe, "Obboleessa Biraanhaam, hiika dogoggoraa gochaa jirta. Sirritti Kana hin hiikne."

13 Amma, ni dhageenya . . . Gara Meetodistii deemanii, "Warri Cuuphaa sirritti hin hiikan" jedhu. Warri Cuuphaa immoo, "Warri Pheenxeqoosxee sirrii miti" jedhu. Warri Pheenxeqoosxee immoo "Warri—warri Ergamootaa sirrii miti" jedhu. Warri Ergamootaas "Warri Assembilii sirrii miti" jedhu. Tokkoon tokkoon isaanii sirrii miti waliin jedhu.

14 Waaqayyo Hiikaa Mataa Isaati! Nama Isaaf hiiku hin barbaachisu. Hiikkaa Mataa isaa ni kenna. Namni Waaqayyoon hiikuu danda'u eenyu? Waaqayyo Hiikaa Mataa Isaati.

15 Amma, Pheexroos asitti yommuu dubbatu, jalqaba irratti yeroo Waaqayyo, "Ifni haa ta'u" jedhu argina, ifnis ni ta'e, hiikni isaa kanuma. Waaqayyo waan fedhe dubbatee yeroo inni ta'u, sun hiika sirrii Waaqayyoo Sagalee isaatiif kennudha. Hubattanii? Yeroo Inni, "Ifni haa ta'u" jedhu, sun jalqaba osoo wanti ifa jedhamu hin jiraatin dura yaada Isaa keessa ture. Yeroo Inni, "Ifni haa ta'u" jedhu, ifni waaqa keessatti uumame, hiikni isaa kanuma. Eenyullee sana hin hiiku, Waaqayyo akkas waan jedheef waan sun ni ta'e. Waaqayyo yeroo dubbatu fi dubbiin isaa mul'atu, hiikni Dubbii isaa sanuma. Namoonni maaliif kana arguu hin danda'an? Namoonni maaliif kana hin argan?

16 Yammuu Waaqayyo waadaa seenu akkasumas akkas jedhu . . . Jalqaba—irratti, Seera Uumamaa keessatti, Inni Sagalee Isaa jalqabaa hanga dhumaatti akka gadi bu'utti tokkoon tokkoon barootaatiif kekenne. Akkasumas, baroota kana keessa gadi bu'ee, addunyaan waldootaa wantoota kana hundumaa duudhaa, fi waan biroon walitti makuun dhufeera, Waaqayyo yeroo hundumaa taatee kanatti, Kakuu Moofaattis Kakuu Haaraattis, raajota erga! Sagaleen Gooftaa immoo gara raajii dhufa. Akkamitti immoo raawwata? Sagalee Waaqayyoo mul'isa. Mul'ati Waaqayyoo, sirrii ta'uu fi dogoggora ta'uu hima. Namni Hiikuu hin qabu, Sagaleen Of hiika. Waaqayyo kakuu galeera, innis ni ta'a!

17 Waa'ee Isaa waan biraa dubbachuun maal fayyada? Namni cubbamaan (yeroo Waaqayyo waadaa galee Waaqayyos immoo raawwatu) hiikni sun dogoggora jechuuf yaalu eenyu? Kunis Waaqayyo ofii isaatii hiika Mataa isaa qabaachuudha, ni hiika. Inni nama Isaaf hiiku hin barbaadu, Inni waan raawwachuuf waadaa gale mul'isuudhaan Ofii isaatii hiika.

18 Ooh, waldaan osoo kakuu tokkoon tokkoon barootaaf kenname sana qofa arguu dandeessee! Baroota biroo hundumaaf, taatee kanatti Waaqayyo ergeera (baroota waldaa torban keessa illee gadi bu'ee) waan raawwachuuf waadaa gale hunda mul'isee jira. Waan hunda, wanti tokkollee osoo hin raawwatin hin hafne. Sirriitti! Inni waan nan godha jedhe, raawwateera.

19 Sababni isaas Waaqayyo keessootti yammuu dubbatu, deebi'ees Isaayaas keessatti, "Durbi ni ulfoofti" jedhe, isheenis ni ulfoofte. Amma, eenyutu—eenyutu sana hiikuu danda'a? Waaqayyo hiikkaa isaa ni raawwate. Innis, "Durbi ni ulfoofti" jedhe, isheenis ni ulfoofte. Amma, ati maal . . . hin dandeessu . . . Waa'ee sanaa homaa jechuun hin danda'amu, sababni isaas Waaqayyo akkas jedhe, innis ni raawwatte. Garuu waldaan garmalee jaamtee waan turteef hubachuu hin dandeenye. Ilaalaa, isaan yaada mataa isaanii qabu turan. Waan isaan eegaa turan irraa garmalee—adda ture.

20 Pheexiroos asitti duubatti deebi'ee eeruun, akkas jedhe, "Waaqayyo Sagalee isaatiin Kiristoosiin mul'ise, Inni akkas jedhe 'Kun Ilma Koo jaallatamaadha.'" Amantoonni kun achi dhaabbatanii turan. Kiristoos immoo mul'ina Waaqayyoo ture. Inni yeroo hundumaa Sagalee Isaatiin Kiristoosiin mul'isa, sababiin isaa Kiristoos Sagalee waan ta'eef. Yeroo hundumaa mul'isa.

21 Yeroo Inni . . . Bara Nohitti jedhu, Kiristoos Nohi keessa ture. Kana ni amantuu? Nohi akkas jedhe, "Bokkaan roobuuf jira. Ni rooba, lafti ni bada." Bokkaanis ni roobe. Kanaaf hiika tokkollee hin barbaachifne. Sababa Waaqayyo, Nohi keessa taa'ee, "Roobni ni rooba" jedheef ni roobe. Inni raajiidha, ragaan

isaas wanti inni dubbate raawwatameera. Kanaaf sana hiikuun isaan hin barbaachisu.

22 Isaan keessaa tokko tokko, warri naannoo, “Namichi kun waan dubbatu hin beeku,” jechuu danda’u.

23 Waaqayyo garuu yeroo hundumaa waadaa galeera, “Isin keessa namni hafuuraa, ykn raajiin yoo jiraate, wanta inni dubbatus yoo raawwatame, dhaga’aa.” Kun dhugaa waan ta’eef, sirriidha. Akkaataa Sagalichaan ta’uu qaba. Nohis immoo akkaataa Sagalichaatti ture. Yammuu inni raajii dubbatu bokkaan ni rooba, roobeeras. Sanaaf hiiki tokkollee hin barbaachifne, sababiin isaas akkasuma waan godheef.

24 Isaayaas, “Durbi ni ulfoofti” jedhe, isheenis ni ulfoofte. Amma, sun waan hin baratamne waan suukaneessaa ture. Sababni isaas, ilaalaa, osoo durbi kun hin ulfaa’in waggoota dhibba hedduu ture.

25 Hanga namni gaariin Yoseef jedhamu dhufutti hin taane, abbaan manaa ishee, “nama qajeelaa waan ta’eef ummataa duratti ishee leeyyaasisuu hin barbaanne ture...” Bara sanatti namni gaariin sun, Yoseefiin ta’uu qaba, yeroo inni kaadhimmatee turetti, Maariyaamiin kaadhimateera.

26 Isheen kaadhimamteetti. Bara sanatti, kana cabsuun, ejja raawwachuu wajjin tokkodha. Akkasumas, wanti beekamaan, Yoseefiif, Maariyaam ugguraaf isa fayyadamuu yaalaa waan jirtu, ykn dogoggora isheef gaachana isa gochaa waan jirtu fakkaata, ’sababni isaas osoo hin heerumin, kaadhimamtee osoo jirtuu, haadha taatee argamte. Waan akkasii, dhagaadhaan rukuchiisee ajjeesisa ture; seeraan, akkas ta’uu qaba.

27 Yoseef abbaan manaa ishee immoo nama qajeelaa, nama baay’ee qajeelaa ture. Waaqayyoon amane. Yeroo isheen jaalalaan, ija guguddaa lallaafaan isa ilaalaa, akkas jettu, “Yoseef, Gabri’eel Ergamaa guddaan na daawwatee, nama tokkollee osoo hin beekin akkan ulfaa’e natti hime.”

28 Amma, Yoseef osoo Caaffata Qulqullaa’oo duubatti deebi’ee ilaalee, raajiin akkas akka ta’u dubbateera! Dubbii Ofii Isaa kan hiiku Waaqayyo qofadha! Argitanii? Garuu waan baay’ee baratamaa hin turre.

29 Bara kamiyyuu keessatti dubbiin kanuma. Sagaleen Waaqayyoo namootaaf keessummaadha; baay’ee waan hin baratamnedha. Waaqayyo yeroo hundumaa waan hin baratamne hojjeta. Bakka Waaqayyo jiru kamiyyuu waan hin baratamnetu ta’a. Faallaa sirna addunyaati, sababni isaas akka isaan yaadanitti wantoota akka ta’uu qabanitti hubataniiru. Waaqayyo garuu dhufee waan hin baratamne hojjeta.

30 “Durbi akkamitti ulfoofte?” Inni amanamaa ture, kanaaf inni Waaqayyoon barbaade.

31 Waaqayyos abjuudhaan itti dubbatee, akkas jedheen, “Yaa Yoseef, ilma Daawit, Maariyaam haadha manaa kee gara keetti fudhachuu hin sodaatin; Isheen kan ulfoofte Hafuura Qulqulluu irraati. Waaqayyo ishee golgeera. Kanatu kana taasise.”

32 Waaqayyo achitti Yoseefii wajjin akkamitti akka dubbate hubattanii beektuu? Karaa lammaffaa, karaa abjuutiini. Amma, abjuun akka jiru beekna, abjuutti ni amanna. Abjuutti nan amana. Duras . . . Waaqayyo yeroo hundumaa abjuudhaan namootaa wajjin ni dubbata. Garuu abjuun sadarkaa lammaffaadha, ilaalaa, yoo hiikame malee sirrii ykn dogoggora ta’uu danda’a. Garuu hiikkaan tokkollee isa hin barbaachifne. Waaqayyotu Ofii Isaatii kallattiidhaan Yoseefitti dubbate, sababiin isaas bara sanatti raajiin hiiku hin turre. Waggaa dhibba afuriif raajiin hin turre. Kanaaf waan gaariin itti aanu, Waaqayyo nageenya Ilma Ofii Isaa akka eeguuf, hiikaa malee abjuudhaan Yoseefitti dubbate. Innis, “Isheen sirrii dubbatte. Wanti Qulqulluun isheen ulfoofte Ilma Waaqayyooti.” Hiikkaa tokkollee hin barbaachifne.

33 Waaqayyo laphee amanamoo, fi qulqulluu ta’aniif hiikkaa Mataa Isaa ni kenna. Dhiironnii fi dubartoonni wanta dhokataa ta’e—ilaaltan, amanamtanii garaa qulqulluudhaan yoo amantan, Waaqayyo karaa itti isiniif hiiku qaba. Jalqaba, kakuu isaa ta’uu ilaali. Yoseef dudduubatti deebi’ee duudhaa irraa fagaatee gara Macaafa Qulqulluutti deebi’ee, osoo barbaaduu jalqabee, Isaayaas akkas gochuuf akka jirtu dubbateera.

34 Wanti waa’ee isaaf dubbatame, dhaloonni Isaa fi hunduu Caaffata Qulqullaa’oon dubbatameera, “qulqulloota raajotaan” akkuma Pheexroos jedhe. Namni kamiyyuu sanaaf hiika dhuunfaa isaa kaa’uuf mirga hin qabu. Innis sirriitti waan Waaqayyo jedhe qofatu raawwatama. Inni mul’ata Sagalee Waaqayyoo guyyaa sanaaf abdachiifamedha. Waaqayyotu jedhe, kanaaf sun ta’e. Sun ni tasgabbeessa.

35 Yesuus akkas jedhe . . . Yeroo Inni lafa irra turetti, yeroo isaan tajaajila Isaa hubachuu dadhaban, taatee garmalee, baay’ee guddaa ture, (isaan hin dandeenye), ajaa’iba, kana irra. Isaan Isa hubachuu hin dandeenye. Inni akkas jedhe, “Caaffata Qulqullaa’oo qoradhaa!” (Ani isinitti iyyee, akkan gurra keessan duuchaa hin jirre abdiin qaba.) “Caaffata Qulqullaa’oo qoradhaa, Isaan keessatti Jireenya Bara Baraa waan qabdan isinitti fakkaata, Isaan waa’ee Koo dhugaa ba’u.” Argitanii? “Isaan Tokkicha warra Eenyu akkan ta’e isinitti himanidha.”

36 Ilaalaa, Waaqayyo Sagalee Isaa ramade. Guyyaan sun guyyaa mul’achuu Waaqayyoo ture, Waaqayyo (Amaanu’eel) nuu wajjin, “Maqaan isaa Dinqii, Gorsaa, Hangafa Nagaa, Waaqayyo Jabaa, Abbaa Bara Baraa in jedhama. Maqaan isaas *Amaanu’eel* in jedhama, ‘Waaqayyo nuu wajjin jira.’” Waaqayyo Daawit

keessa ture. Waaqayyo Musee keessa ture. Waaqayyo . . . Hamma dhumaatti Waaqayyodha, bara sanaaf Of mul'isuudha. Garuu bara kana, "Durbi ni ulfoofti Ilma in deessi, Innis Waaqayyo Isa nuu wajjin jiru in ta'a."

37 Kanaafi kan isaan Isa fannisaniif, Waaqa Of godha, akkasumas Sanbata cabsa jedhuuniiti. Inni—Inni Sanbata irratti Waaqayyo ture, Waaqayyo ture. Akkasumas Inni nama akkasumaanii ykn raajii akkasumaanii hin turre (ta'us Nama akkasumaanii fi Raajii akkasumaanii ture), garuu Inni Waaqa-Raajii ture. Inni raawwii Sagalichaa ture, waan Waaqayyo jedhe sirriitti ni godha ture. Akkas jedhe, "Isin keessaa eenyutu cubbuudhaan Natti faraduu danda'a? Caaffata Qulqullaa'oo keessa sakatta'aa! Sana keessatti waan Jireenya Bara Baraa qabdan isinitti fakkaata, Isaanis waa'ee Koo dhugaa ba'an." Garuu duudhaan isaanii, isaan balaqqee bara biraa keessa jiraachaa turan.

38 "*Balaqqee keessa jiraachuu,*" akkuman torban muraasa dura lallabaa ture. Balaqqee jechuun "calaqqeedha," aduun of calaqqisiisa, isa sobaatis. Akkasumas balaqqeen bara biraa kamiyyuu calaqqisa sobaa ti. Ummanni yeroo hunda waan waggoota dura ta'e keessa deemaa jiraatu. Luuteraanonni balaqqee Luuteraanii keessa deemu. Ifni aduu Luuter bara isaatti gaarii ture; Weesliin bara isaatti gaarii ture; Pheenxeqoosxeen bara isaatti gaarii ture. Sadarkaarra ol ba'aa jirra, bara biraa keessa jiraachaa jirra! Itti fufna, itti fufna, of duuba ilaalaa itti fufuu hin dandeenyu.

39 Yeroo waantota keessatti of tasgabbeessinu, hunduma isaa hojjenne jennee yaadna, duudhaa keenyaan maramna; sun guyyaa sanaaf gaarii ture, garuu itti fufna! Caaffata Qulqullaa'oo keessa sakatta'aatii waan har'aaf abdachiifame ilaalaa, sana booda eessa akka jirru ni barra, sana booda eessa akka dhaabanne adda baasuu dandeenya.

40 Luuter; Caaffata Qulqullaa'oo keessa ilaaltee bara Saardis sana keessa—sana keessa, maaltu akka abdachiifame sirriitti arguu dandeessa. Mee ilaalaa gulufsiisaan akkamii akka ba'e, maaltu isatti dhufuuf akka adeemu ilaalaa, sirriitti, "haxxummaa namaa," haaromsa. Weslees ilaalaa, warra kaanis. Akkuma gara bara Pheenxeqoosxeetti gadi bu'e, bara sana keessas gadi bu'ee, akkamitti akka adeeme ilaalaa. Caaffata Qulqullaa'oo ilaalaatii eessa akka jirru immoo ilaalaa. Yesuus kan inni, "Caaffata Qulqullaa'oo keessa sakatta'aa!" jedheef kanaafi.

41 Bakka jirru ilaalaa! Yeroo Dhufaatii Ilma Waaqayyoo keessa akka jirru nan amana. Bara itti—sa'atii kamitiyyuu Inni mul'achuu danda'u keessa jirra. Caaffanni qulqullaa'oon kana labsu jedheen amana, sa'aatii dhuma seenaa addunyaa kanaa keessa jirra. Wantootni akka qophaa'anii jiranittin

arga. Kaawunsiliin waldootaa kun waldoota hundumaa gara isaatti, gara mallattoo bineensichaatti yeroo geessu ilaalaa. Akkasumas Impaayera Roomaa fi waan jarri hojjechaa jiran, fi kanneen hafan hunda ilaalaa. Yeroo isaan walitti dhufanii, Ifa balleessan, Wangeela cufan ilaalaa. Namni hundi kan isaanii ta'ee ibsaa isaanii keessa adeemuu qaba yookaan tasuma deemuu hin danda'u. Argituu, yeroo dhumaa irra jirra. Waaqayyoon qabannee Sagalee isaa amanuu malee wanti nu hafe tokko hin jiru. Sagaleen isaa yeroo hundumaa sirrii dha.

42 Bara waldaa Loodiqiyaa keessatti, barri waldaa sun adda ture, bara hunda keessaa, bara Kiristoos waldaa kiristaanaa keessaa alatti baafamedha. Inni ala dhaabbatee, balbala rurukuta. Maaltu ta'e? Kan Isa ala baasuuf deemu kun Kaawunsilii Waldootaati. Macaafni Qulqulluun Inni alatti baafama jedheera, Innis ba'eera. Maal baasan? Sagalee. Inni Sagaleedha, Inni yeroo hundumaa Sagaleedha, har'as Sagaleedha! Inni Sagaleedha.

43 Macaafni Qulqulluun akkas jedha, "Sagaleen Waaqayyoo billaa qara lama qabu caalaa qara qaba, humna guddaa qaba," Ibiroota, boqonnaa 4ffaa, "yaadaa fi akeeka laphee namaa qora." Sagaleetu ture! Guyyaa sanatti Yesuus yammuu dubbatu Eenyu akka ta'e beekuu qabu turan.

44 Waan Inni hojjete ilaalaa. Gaaf tokko yeroo jalqaba tajaajila Isaatti, Inni achi dhaabbatee, Namichi Simoon, Simoon Pheexiroos jedhamu tokko, gara isaa dhufe. Pheexiroos yammuu Isa ilaalee—argu, Yesuus akkas jedheen, "Maqaan kee Simoon jedhama akkasumas ati ilma Yoonaasidha." (Waan Museen dubbate beekuu qaba ture, "Waaqayyo Gooftaan keessan Raajii akka kootii isiniif in kaasa, Isa dhaga'uu qabdu.") Asitti Nama Jireenya Isaa keessatti inni argee hin beekne tokkotu ture, akkas jedheen, "Maqaan kee Simoon jedhama ati ilma Yoonaas." Maaliif, kan kana caalu kana booda ta'uu akka hin dandeenye yammuu sana bare . . . Waggoota dhibbaan lakkaa'amaniif raajii hin qaban ture, kunoo Namichi tokko eenyu akka ta'e itti hime. Inni fudhachuu danda'uun isaa nama hin dinqisiisu!

45 Filiiphoos, yeroo sanatti, dhaqee—Natinaa'eliin muka jalatti argatee, gara Yesuusitti fide. Yesuus akkas jedhe "Kunoo nama Israa'el kan haxxummaan keessa hin jirre."

Innis, "Rabbi, eessatti na beektaa?" jedheen.

46 Innis, "Filiiphoos osoo si hin waamin dura, yeroo ati muka jala turten, si arge" jedhe.

47 Innis akkas jedhe, "Rabbi, Ati Ilma Waaqayyooti! Ati Mootii Israa'eli." Sun Maal akka ta'e beekaa? Hiikkaa tokkollee hin barbaachifne, Yihowaan Akkas jedhe!

48 Warri hin amanne achi dhaabbatanii turan. Isaanis akkas jedhan, "Namichi kun Beelzebuul. Inni—Inni mala gosa wayii

ittiin harkisaa jiru qaba. Inni—Inni tolchaa, ykn waan akkasii qaba."

49 Yesuus isaan ilaalee, "Maaliif, Ilma namaa mormitanii yammuu irratti dubbattan, isiniif dhiifama. Garuu Hafuurri Qulqulluun akkuma kana gochuuf yammuu dhufu, Sana irratti dubbachuun, yoomiyyuu isiniif hin dhiifamu, addunyaa kana ykn addunyaa dhufu keessattis." Inni bara keenyaaf, bara nuti arguu qabnutti raajii dubbachaa ture. Inni kaleessa, har'as, bara baraan isuma sana waan ta'eef.

Musee keessa kan ture Yesuus Kiristoos akka ta'e, yaadadhaa.

50 Daawit keessa kan ture Yesuus Kiristoos dha. Yeroo Daawit, ilmi . . . Daawit mootii tuffatame ta'ee, gaara irra ol ba'ee, Yerusaalemiif yammuu boo'u; sun Kiristoos isa Daawit keessa ture malee waan biraa miti. Gara waggaa dhibba saddeetii booda, Ilmi Daawit Gaara Ejersaa irra dhaabbatee Yerusaalemiin gadi ilaalee, akkas jedhee boo'e, "Yerusaalem, Yerusaalem, silaa akka lukkuun cuucii ishee walitti qabdu walitti si qabuufan ture, ati garuu hin barbaanne!"

51 Yoseef yeroo mana hidhaa ture, sun Yesuus ture. Yeroo inni gara meetii soddomaatti gurgurame, sun Yesuus ture. Nama Phoxifaaraa yammuu ta'u, sun Yesuus ture. Yeroo inni mirga Fara'oon taa'u. Yeroo inni adeemu, namni hundi . . . sagalee xurumbaan, hundinuu jilbeenfachuu qabu ture, sun Yesuus ture. Namni kamiyyuu—karaa Yoseef malee gara Fara'oon dhufuu hin danda'u; namni kamiyyuu karaa Yesuus qofaan malee, gara Waaqayyoo dhufuu hin danda'u. Innis Yesuus ture, gaaddidduu fi fakkeenyaan kan dubbate, Sagalee raajiin dubbatametu raawwatamaa jira.

52 Yesuus yeroo lafa kanarra ture, akkuma raajonni godhan Innis godhe, Inni mul'ata Sagalee Waaqayyoo ta'uu isaa kan beekaniif kanaafidha. Hiikuun isa hin barbaachisu ture.

53 Naatinaa'el kana yommuu argu, kufee, "Ati Mootii Israa'el, Ilma Waaqayyoo, Mootii Israa'elidha. Si beekna, namni tokko illee kana gochuu hin dandeenye" jedheen.

54 Niqodimoos halkaniin dhufe, Fariisotaafis akkasuma jedhe. Garuu, argituu, isaan Waldoota Kaawunsilii isaaniitti baay'ee waan hidhamaniif Isa fudhachuu hin dandeenye. Waan isaan jedhan ibse, akkas jedhe, "Rabbi, nuti . . ." Eenyu "nuti"? Kaawunsilii isaaniiti! "Ati barsiisaa Waaqayyo biraa dhufte ta'uu kee ni beekna, 'sababni isaas namni tokko yoo 'Waaqayyo isa waliin ta'e malee wantoota kana gochuu hin danda'u." Isaan Isa ni beekan, akka Isa ta'e ni baran, garuu akkasitti itti maxxananiiru.

55 Waaqayyos, waggoota afurtamman darban keessatti, cuuphaa Hafuura Qulqulluutiin saba kana raaseera, ta'us namoonni ammallee Isaan ala jiru sababiin isaas waan

tokkotti qabamanii waan jiraniif, balaqqee guyyaa biraa keessa jiraachaa jiru. Dhimmichi maali? Namni hundinuu Meetodistii, Baaptisitii, Pirisbiteeriyaanii, Luteraanii ykn waan akkasii ta'uu barbaada. Argitu, kun balaqqee dha.

56 Isaan balaqqee bara Musee keessa jiraachaa turan. Inni maal jedhe? Inni akkas jedhe . . . Isaanis, "Nuti duuka buutota Museeti" jedhan.

57 Innis, "Osoo Musee beektanii, Ana ni beektu turtan. Museen waa'ee Koo barreesse!" jedheen.

58 Osoo Luuteriin beektu ta'ee, bara kanas ni beektu turtan! Osoo Meetodistii beektu ta'ee, bara kanas ni beektu turtan! Kiristoos waa'ee bara kanaa barreesse waan ta'eef! Sagaleen raawwatamuu qaban baruma kana keessa raawwatamu. Nama hiiku Isa hin barbaachisu, Waaqayyo hiika Mataa Isaa ni kenna. Waaqayyo Ofii Isaa ni hiika, sababni isaas Isa qofatu hiikuu danda'a. Kakuun Waaqayyoo yeroo hundumaa waan jedhe mirkaneessuudha, hiikni isaas kanuma.

59 Amma, Yesuus, (yeroo qusachuuf), Yesuus akkas jedhe, Wangeela Yohaannis, boqonnaa 14ffaa, lakkoofsa 12ffaa irratti, "Namni Anatti amanu, hojii ani hojjedhu ni hojjeta." Akkas jedheeraa? Sirriidha. Sun hiikkaa tokkollee hin barbaachisu. Namni wayii hojii sana yammuu hojjetu, sun Waaqayyodha. Shakkii malee!

60 Inni akkas jedhe, "Akkuma bara Loox, bara dhufaatii Ilma namaas akkasuma in ta'a." Yesuus akkas jedheera. Akkas jedheeraa? Shakkii malee, Inni akkas jedheera! Sun hiikkaa hin barbaadu.

Isaan, "Tole, kana jechuun . . . " jedhu.

61 Hiikni isaa sirriin waan Inni jedhe qofa! "Akkuma bara Loox, bara dhufaatii Ilma namaattis akkasuma in ta'a." Bara Loox hoo? Mee yeroo muraasaaf qofa duubatti deebinee, maal hojjechaa akka turan haa ilaallu.

62 Bara Loox namoota gosa sadiitu turan: amanaa, amanaa fakkeessaa fi kan hin amanin. Sun tuuta hunda keessatti, wal fakkaataadha.

Sodoomonni warra hin amanne ta'anii arganna.

Loox amanaa fakkeessaa ture.

63 Abrahaam amanaa ture. Inni nama kakuun mirkanaa'eef ture. Ilma abdachiifame nama eeggatu ture. Kan eegaa ture isa ture. Ameen. (Ani ofiif "ameen" hin jenne. *Ameen* jechuun "Haa ta'u!" jechuudha.) Sunis sirriidha. Abrahaam Sodoom keessa hin turre. Abrahaam gubbaa, Sodoomii ala ba'ee jira. Inni har'a fakkeenya Waldaa hafuuraati.

64 Loox fakkeenya dhaabbata amantii ammayyuu goda Sodoom jiraniiti. Ilaalaa, Macaafni Qulqulluun, "Cubbuun

warra Sodoom guyyaa guyyaatti lubbuu nama qajeelaa ni dhiphise" jedha. Sana mormuudhaaf maaliif onnee gahaa ta'e dhabe? Har'a namni gaariin baay'eetu waldaa keessa taa'ee jira, ala ilaaluu fi dubartoota uffata gaggabaaboo uffatanii fi dhiira wantoota kana hojjetan arguu, miseensonni isaanii, Wiixata goolfii taphachuu deemuu, affeerraa paartii, daakaa fi wantoota biraaf deemu, waldaa dhaquu dhiisanii. Waldaa dhaquu dhiisanii, Roobii halkan mana ta'anii, televiijinii ilaaluu. Waa'ee kanaa waan tokko dubbachuuf isaanitti dhaga'ama, garuu boordiitu isaan baasa. Dhimmichi maali? Loox irra deebi'ee, foddaa irraan ala ilaalee cubbuu yammuu argu, cubbuu jedhee waamuu sodaata "cubbuu"!

65 Abrahaam jeequmsa isaanii keessa hin turre, inni achi keessaa ala jira. Inni fakkeenya Waldaa hafuuraati. Amma yeroo dhumaatti, ibiddi osoo hin bu'iin dura waan ta'e ilaalaa. Isaan Ormoota turan. Inni ibidda har'a addunyaa Ormootaa irratti bu'u, yeroo mootummoonni caccabanii gubatan dursee kan argisiise ture. "Samiin ibiddaan ni gubata," jedha Gooftaan, "ho'a cimaanis ni gubatu." Sun gaaddidduu isaa ture.

66 Amma mee yaadatti haa ilaallu. Kunoo Abrahaam dursee ba'eera, Sodoom keessa hin jiru, Sodoom keessaa ba'eera. Loox amma iyyuu Sodoom keessa jira.

67 Waan keessummaa, ganama ho'aa tokko, gara sa'aatii kudha tokkoo ta'a, namoota sadii dhufaa jiran arge, namoota taraa, karaa irra deemaa, karaa darbaa jiru. Abrahaam muka jala taa'ee boqochaa ture. Inni bahee, gara waaree boodaatti, tarii ganama sana namoota isaa waliin, galaa ture. Namoota sadii dhufaa jiran arge. Waa'ee namoota sanaa waan tokkotu ture, innis, waamicha godheef. Ooh, maay!

68 Waa'ee Waaqayyoo yeroo hundumaa waan tokkotu jira, yeroo Inni namoota gidduu dhufu, Inni waamicha godha. Isaan Isa beeku. Wanti itti himu jira, achitti waan mirkaneessu jira.

69 Abrahaam dafee fiigee, "Gooftaa koo, nooraa bishaan xiqqoo fudhee fideen miila Keessan dhiqa, akkasumas buddeena xiqqoo Isiniif dhiyeessee, karaa Keessan, itti fufuu dandeessu." Kanaaf ofirra deebi'e. Karratti fiigee dibicha tokko qabee qalee, hojjetaa qopheessus qaba ture. Dunkaana keessa seenee, gadi bu'ee, Saaraan daakuu qopheessitee, akka tolchitu, ykn nyaata tokko tokko, akka tolchitu godhe, daabboo tolchee, keekii immoo iddoo ibiddaa irratti tolche. Nyaaticha dhiyeessee tajaajile. Osoo taa'anii nyaachaa jiranii, hubachuu jalqaban, Namichi kun gara Sodoomitti gadi ilaaluu itti fufe. Akkas jedhe . . .

70 Isaan keessaa lama, ni yaadattu, Sodoomitti gad bu'an. Lama gara Sodoom deeman. Maaloo kana irra hin darbinaa. Waan Yesuus jedhe jechuu kooti. Isaan keessaa lama Looxii fi warra achii gadi ba'uuf qophaa'an baasuuf gara Sodoomitti gadi

bu'an. Warri achitti gad bu'an lamaan, gadi bu'anii lallaban. (Abrahaam birattis kan hafe Tokko ture. Mallattoo Inni hojjete ilaalaa.) Achittis gadi bu'anii mallattoo agarsiisan, achittis . . . warri Sodoom jaamummaan rukutaman. Wangeela lallabuun yeroo hundumaa nama hin amanne ni jaamsa. Waan akkas godhe hubadhaa.

71 Amma, Tokko deebi'ee as dhaabbatee Abrahaam duratti mallattoo godhe.

72 Amma, hubattanii beektuu? Hayyuun seenaa kamiyyuu, Caaffata Qulqullaa'oo hordofu, seenaa hordofu, baroota waldaa keessatti yeroon namni tokko gara waldoota bu'aa'aa addunyaa kana irra jiran dhaqee hin jiru, achi dhaabbata amantii keessatti, namni maqaan isaa akka Abrahaam, h-a-m, jedhee xumurame hin jiru. Garuu har'a tokko argataniiru, G-r-a-h-a-m. Sirriidha. Achiitti gadi bu'ee, isaan waamaa jira. Inni hojii dinqisiisaa ittiin hojjechaa jira. Girahaam, Bilii Girahaam, hojjetaa Waaqayyoo waldoota amantii keessaa, namoota siyaasaa fi kan biroo gidduutti, itti caccabsaa jirudha.

73 Yeroo tokko Pirezidaantii akka ta'uuf akka dorgomu yammuu barbaadan, ifatti dide. Waaqayyo, isa haa eebbisu. Maaliif, isaan dhaabbilee wiiskiiti, inni akka ta'utti hundee jalqabaa ga'ee hin beeku. Silaa doolaara biliyoonaan lakkaa'amu baasu, sababiin isaa inni akkanumatti isaan ni teessisa ture, dhaabbilee sigaaraa sanaa fi warra sana fakkaatan. Ilaalaa, inni akka ergamaa Waaqayyoo warra Sodoom deemanii ta'ee achi jira. Sirriitti kana.

74 Garuu yaadadhu, Tokko Abrahaamii wajjin gubbaarra ture, Nama biraa, akka isaan lamaan warra wangeelaawwota ammayyaa lallabuuf achi gadi bu'anii miti. Hubadhaa, Tokko achi gubbaatti hafe. Lama karaa *sanaan* gad bu'an, Tokko immoo Abrahaamii wajjin *asitti* hafe. Inni Abrahaam biratti hafe kun immoo mallattoo kenneef.

75 Amma ilaalaa, maqaan isaa "Abraam" ture, haati manaa isaas "Saaraay" turte. Guyyaa tokko ykn lama dura, Waaqayyo itti mul'atee, "Maqaa kee Abraam irraa gara Abrahaamitti jijjiireera" jedhee itti himee ture; (Ilaalaa, G-r-a-h-a-m nama qubee ja'ati.) Garuu A-b-r-a-h-a-m torba, qubee torba; h-a-m, h-a-m jedhee xumurama.

76 Amma, as gubbaa Waldaa hafuuraa keessatti, Tokko Abrahaamiif achitti hafeera, waan Inni jedhes hubadhaa. Inni, "Abrahaam" jedhe, ("Abraam" miti) "Abrahaam, haati manaa kee eessa jirti" ("S-a-r-r-a" miti) "S-a-r-a-h? Haati manaa kee Saaraah eessa jirti?"

77 Waan inni jedhe ilaalaa, "Isheen Si duubaa dunkaana keessa jirti."

78 Innis akkas jedhe, "Isinan yaadadha. Isin yaadachuufan jira." Ibsa maqaa dhuunfaa sana, isa Tokkicha, akka Inni

kakuu galetti ilaalaa. Inni Waaqayyo ture! Innis, “Ani isin yaadachuufan jira.”

79 Saaraan immoo, (karaa hundi keenya hubannuun) ofitti, kolfitee, akkas jette, “Ani, jaartiidha, gooftaan koos, jaarsa waggaa dhibbaati” (innis Abrahaami) “dulloomneerras, erga barri jireenya keenyaa darbee akka dargaggootaatti taanaa.” Akkas jette, “Maaliif, kana booda gammachuu akkasii qabaachuu hin dandeenyu, ani dulloomeera innis immoo dulloomeera.” “Sana qabaachuu hin dandeenyu,” jette. “Akkamitti? Kun ta’uu hin danda’u!” jette.

80 Akkasumas—Namichi (Waaqayyo namummaa namaa keessa ta’ee) akkas jedhe, “Saaraan maaliif shakkitee kolfitee, waan kana dubbatte?” Dunkaana keessatti, Isa duubaan.

81 Amma ilaalaa, kun tajaajila Yesuus Kiristoosii wajjin tokko miti yoo ta’e! Gara sabaa ilaalee yaada isaanii hubate. Eenyu akka ta’ee fi maqaan abbaa isaa maal akka ta’e Pheexiroositti hime. Naatinaa’elittis hime.

82 Dubartii boolla bishaanii bukkeettis himeera, yeroo isheen dubbattu. . . Innis akkas jedhe, “Dhaqii bishaan Naaf kenni,” ykn “Bishaan Naaf kenni.”

83 Isheenis, “Gooftaa ko, warri Yihudootaa warra Samaariyaa wajjin haasa’uun. . . Ati na waliin haasa’uun aadaa keenya miti. Walitti dhufeenya hin qabnu” jetteen.

84 Innis akkas jedhe, “Garuu osoo Eenyu waliin akka haasa’aa jirtu beektee bishaan Na kadhatta turte.” Haasaan itti fufe. Innis, “Deemii abbaa manaa kee waamii koottu” jedheen.

Isheenis, “Abbaa manaa hin qabu” jetteen.

Innis, “Shan waan qabduuf, gaarii jette” jedheen.

Isheenis, “Gooftaa ko!” jetteen.

85 Garaagarummaa sanaa fi isaan gidduu jiru ilaalaa—isaan luboota guyyaa sanaa turan, kaawunsiliin sun balaqqee guyyaa biraa keessa jiraatu. Isaanis, “Kun seexana!” jedhan. Walgahii isaaniif deebii tokko kennuu qabu turan, ’sababni isaas sana waan barbaachisuuf.

86 Garuu dubartiin xiqqoo hiyyeettiin kun maal goote, Sanyiin dursee murtaa’e sun laphee ishee keessa waan jiruuf. . . Waan sanaan dhukkubsattee of dadhabdee, akka sagaagaltuutti daandii irra baatee jirti. Garuu Sana yommuu argitu, akkas jette, “Gooftaa ko, Ati Raajii ta’uu kee nan hubadha. Waggaa dhibba afuriif nama tokko hin qabnu, yeroo Masiihichi dhufu inni wantoota akkasii akka Inni hojjetu nutti himama.” Ooh, maay! Sanyiin keessa ture sun gara jireenyaatti utaale! Maaliif? Hiikkaa tokkollee hin barbaachifne.

87 Yesuus akkas jedhe, “Ani kan sitti dubbataa jiru Isadha.” Kun hiikkaa tokkollee hin barbaachisu. Inni dinqii hojjetee

Masiihicha sana ta'uu isaa dhugaa ba'e, ameen, akkasumas waan Waaqayyo abdachiise sirriitti raawwate ("Waaqayyo gooftaan keessan Raajii akka koo isiniif in kaasa," jedhe Museen). Maal ture? Caaffata Qulqullaa'oo mirkaneessuu!

88 Isheenis magaalaattii fiigdee, akkas jette, "Kottaa Nama waan ani hojjedhe natti hime ilaalaa. Kun Kiristoos miti moo? Kun Isa mitii? Waanan hojjedhe natti hime."

89 Amma hubadhaa, Inni Nama sana keessa ture kan dugda Isaa gara dunkaanaatti garagalchee waan Saaraan dunkaana keessa teessee yaadaa turte itti hime, Yesuusidha.

90 Sagaleen Waaqayyoo akkas jedha, Ibroota keessatti, boqonnaa 4ffaan, akkana . . . akkana jedha, "Dubbiin Waaqayyoo billaa qara lama qabu caalaa humna guddaa fi qara qaba, buusaa fi dhuka gargar in baasa, yaadaa fi akeeka garaa namaas addaan baasee kan beekudha." Inni Sagaleedha! Yeroo hundumaa raajiin tokko yammuu dhufu, Sagalicha qabatee dhufa. Innis bara sanaaf Sagalee dha. Inni maal godha? Raajii yaada garaa namaa keessa jiru adda baasu dha.

91 Kun Yesuus Kiristoos irratti raawwateera, Inni guutummaa Sagalee waan ta'eef.

92 Yesuus immoo, "Akkuma bara Sodoom ture, dhufaatii Ilma namaattis akkasuma in ta'a" jedhe. Hafuurri Waaqayyoo bifa namaatiin gara lafaa ni dhufa, Waaqayyo foonitti mul'ateera (Ameen! Kana argituu?), Bara Sodoomitti Waaqayyo fooniin mul'atee akkuma hojjete ammas ni hojjeta. Isaan ilma abdachiifame eegaa akka turan, yaadadhaa. Sana booda, ilmi abdachiifame sun ni dhufe. Sun Sodoomiif mallattoo dhumaa fi, ha, gareen Abrahaamfaa osoo ilmi abdachiifame hin dhufin argan. Kana hubattaniittuu? Ammas Waldaan hafuuraa sa'aatii sanatti dhufteetti.

93 Namni tokko, "Obboleessa Biraanhaam, 'sun Waaqayyo ture' jettee?" jedha.

94 Macaafni Qulqulluun, Waaqayyo ture jedha! Hiikkaa tokkollee hin barbaachisu. Inni Eelohiim dha. Abrahaam akkas jedhee Isa waame. Namni Macaafa Qulqulluu dubbisu kamiyyuu kana ni beeka. *Eelohiim,* "Tokkicha Hundumaa Danda'u." Inni Isa Jalqabaa, Isa Dhumaa ture; Isa Jalqabaa, Isa Xumuraa. Eelohiim! Abrahaam "Eelohiim" jedhee Isa waame. *Waaqayyo*, qubee guddaadhaan, afaan Ibrootaatiin, *Eelohiim*; akkuma, "Jalqabatti Waaqayyo," Eelohiim.

95 Eelohiim Inni foonitti mul'ate, uffata namaa uffatee, nyaata namaa nyaate. Ameen! Waaqayyo foon namaa uffatee saba Isaa gidduu deddeebi'ee mul'achuun mallattoo bara dhumaati! Ameen! Yesuus akkas jedhe, "Hojii Ani hojjedhu isinis ni hojjettu. Akkuma bara Sodoom ture, yeroo dhufaatii Ilma namaattis akkasuma in ta'a." Ameen! Sun hiikkaa tokkollee

hin barbaachisu; mul'achuu barbaada, kanatu isa barbaachisa. Ameen. Kana ni amantaa?

Mataa keenya gadi haa qabannu.

96 Abbaa keenya Waaqarraa, galgala kana, kakuu Kee, wantoota Ati dubbatte kana sitti kennina. Ati kakuu isaaniif galteetta. Si malee namni Sagalee Kee jiraachisu hin jiru. Ati, "Ifni haa ta'u" jette, ifnis ni ta'e. Namni sana hiikuu hin qabu, inni ta'eera.

97 Akkuma Isaayaas, raajichi caqase, "Durbi ni ulfoofti," ni ta'e; mul'ata biraa hin barbaachisu, isheen ni ulfoofte. Kana kan ta'e.

98 Ati, Inni yeroo dhufu Beeteliheemitti dhalata jette, "Beeteliheem, Yihudaa keessaa bahee. Isin bulchitoota Yihudaa, Israa'el hundumaa keessaa isin xiqqaa mitii? Bulchaan saba Koo garuu si keessaa ni ba'a."

99 Wantoota Inni hojjetu, kan Inni fannoo irratti iyyu, akkamitti akka Itti murtaa'u, miilli Isaa fi harki Isaa akka waraanamu; "Inni irra daddarba keenyaaf waraaname, yakka keenyaaf madaa'e; nuyi nagaa akka argannuuf Inni ni adabame; madaa'uu Isaatiin fayyine."

100 Daawit akkamitti akkas jedhe, "Lubbuu isaa si'ool keessatti hin dhiisu, Qulqulluu koos tortoratti hin kennu." Guyyaa sadaffaatti, sa'atii torbaatamii lamaan dura osoo qaamni isaa tortoruu hin jalqabin, Sagaleen Waaqayyoo akkas jedha, "Inni ni ka'a." (Reeffa Isaa hatanii deeman jedhan; ammayyuu akkasitti amanu.) Gooftaa, nu garuu, Sagalee Kee ni amanna! Inni mul'ateera. Yesuus Kiristoos du'aa ka'ee, "Ani . . . Kunoo, Ani yeroo hundumaa, hamma dhuma biyya lafaatti isinii wajjin nan ta'a" jedhe.

101 Halkan kana as akka jirtu ni amanna. Halkan kanas, akkuma yeroo kamiyyuu, asittis, Yesuus Kiristoosiin akka taate ni amanna. Akkasumas ija, harka, miilla, afaan, lubbuu, qaama, kan Of mul'isuuf itti fayyadamtu qofa barbaadda. Waaqayyo, Yesuus Kiristoos inni jiraataan nu gidduu jiraachuu Isaa akka arginuuf, halkan kana nu qulqulleessi. Inni haa dhufu! Yeroo sanatti Giriikonni dheebotan, guyyaa sana dhufanii, "Gooftaa ko, Yesuusiin argina" jedhan. Isaanis Isa ni argan. Ooh, yeroo Isa argan akkam nama gammachiisa!

102 Waaqayyo, Ati har'as sanuma. Yoo Si arguuf dheebonne Si arguu akka dandeenyu waadaa nuuf galteetta. "Yeroo xiqqoo booda, addunyaan Na arguu hin danda'u" (warra hin amanne); "garuu isin Ana in argitu, Ani hamma dhuma addunyaatti isin waliin nan ta'a." Ati kaleessas, har'as, bara baraan isuma sana akka taate ni beekna.

103 Gooftaa, Sagaleen dubbatame, barreeffameera, amma immoo, Ulfina Waaqayyoof haa raawwatamu, Sagalee Isaa akka eegu agarsiisuuf. Ameen. Waaqayyo isin haa eebbisu.

104 Hiriira kadhannaan waamuuf deema. Biiliin kaardii kadhannaa, tokkoo hanga dhibbaa, ykn waan akkasii akka kennu dubbateera jedheen amana. Amma as hin jiru. Inni . . . Lakkoofsi kaardii kadhannaa maali . . . Namni tokko duuba kee ilaali . . . Inni—lakkoofsaa fi—fi qubeedha (A, B, C, D, ykn . . .). A, Maali? Tole.

105 Mee A, lakkoofsa tokko, lama, sadii, afur, shan haa eegallu. Akkasitti ol ka'uu jalqabaa. A, lakkoofsa tokko, lakkoofsa lama, lakkoofsa sadii, lakkoofsa afur. Afur, ol ka'uu isaa hin argine. Kaardii kadhannaa lakkoofsa afur. Tokko, lama, sadii. Kadhannaa . . . Tarii ka'uu hin danda'an ta'a. Yoo hin dandeenye, namoonni kaardii ollaa keessanii ilaalaa, kaardii argatee, ka'uu hin dandeenye ta'a. Dafaa amma. Afur, achi jiru. Shan, kaardii kadhannaa lakkoofsa shan. Jaha, torba, saddeet, sagal, kudhan, kudha tokko, kudha lama. Amma akkuma lakkoofsi keessan waamameen as ba'uu jalqabaa. Lakkoofsi tokko, lama, sadii, karaa kanaan as ba'aa. Kaardiin kadhannaa lakkoofsi tokko, lama, sadii, afur, shan, ja'a, torba, saddeet, sagal, kudhan, kudha tokko, bakka keessan qabadhaa. Kudha tokko, kudha lama, kudha sadii, kudha afur, kudha shan, kudha jaha, kudha torba, kudha saddeet, kudha sagal, digdama, digdamii tokko, digdamii lama, digdamii sadii, digdamii afur, digdamii shan. Namni hin dandeenye jira . . .

106 Dargaggeessa wiilcheerii irra taa'ee dudduuba sanatti argaan jira. Yoo lakkoofsi kee waamame, mucaa, fi—yoo argachuu dadhabde immoo . . . tole, harka kee ol qabadhu, akka as geesseen ilaalla. Argitanii?

107 Ammayyuu dhukkubsachaa kan jirtan kaardii kadhannaa kan hin qabnee meeqatu as keessa jirtu? Bakka jirtanii, harka keessan agarsiisaa. Asii, sirriidha, harka keessan ol kaasaa. Ni amantuu? Osoo isaan walitti qabaa jiranii, Kana ni amantuu, kaleessas bara baraan isuma sana ta'uu Isaa ni amantuu? Meeqan keessantu? Tajaajiltoota kana ilaalaa; har'a Caaffanni Qulqullaa'oon akkas hin jedhuu, yaa obbolootaa, Inni Angafa Lubaa miira dadhabinaa keenyaan tuqamuu danda'u ta'uu isaa? Sirriidhaa? Meeqan keessantu kana amana, harka keessan ol kaasaa? Inni Angafa Lubaa miira dadhabinaa keenyaan tuqamuu danda'udha.

108 Erga Macaafni Qulqulluun, "Kaleessas bara baraan sanuma" jedhee, meeqan keessantu sana amana? Egaa har'a akkamitti hojjeta? Akkuma kaleessaa hojjetetti hojjechuu qaba. Sirriidhaa? Halkan kana Inni eessa jira? Mirga Isa Ulfina qabeessaa taa'ee, qaamni Isaa; Isa beeksisuuf, Hafuurri Qulqulluun as gamoo kana keessa jira.

109 Hubadhaa, amma ilaalaa. Dubartiin tokko gaaf tokko, uffata Isaa dudduubaan yeroo tuqxe maaltu ta'e? Kaardii kadhannaa hin qabdu turte, jenna, garuu uffata Isaa tuqxeetti. Uffata isaa yommuu tuqxu Yesuus garagalee, "Eenyutu Na tuqe?" jedhe.

110 Pheexroos isa ceepha'ee, "Maaliif, Gooftaa, kun qofti sababa hin fakkaatu. Maaliif, namni hundi Si tuquuf yaalaa jira. Maaliif, 'Eenyutu Na tuqe?' jetta, jedheen."

111 Innis akkas jedhe, "Garuu akkan dadhabe natti dhaga'ama." Meeqan keessantu kana beeka? *Gaarummaatu*, jechuunis "humnatu," Isa keessaa ba'e. "Dadhabbiitu natti dhaga'ame, namni tokko haala addaatiin Na tuqeera." Innis hanga nama amantii sana qabu argatutti garagalee gara duuka buutotaa ilaale.

112 Hunduu harka isaanii Isatti kaasanii, "Yaa Rabbi, Si amanna," jedhu.

113 Garuu nama dhugaadhaan Itti amante tokkotu turte. Isheenis uffata Isaa tuqxee akka fayyitu amante, sababni isaa laphee ishee keessatti osoon tuquu danda'ee akkas ni ta'a jette.

114 Garagalee hamma ishee argutti gara duuka buutotaa ilaale, Innis akkas jedhe . . . dhangala'uun dhiiga ishee dhaabbatee akka fayyite itti hime. Sirriidhaa? Amma, saba duuka bu'an gidduutti, kun akkaataa Inni itti hojjetudha.

115 Ammas, Inni hin duune, Har'as akkuma yeroo kamiyyuu jiraataadha jedheen dubbachaa jira. Macaafni Qulqulluun akkas jedha, Yesuus akkas jedhe, Ofii Isaatii, "Akkuma bara Sodoom ture, dhufaatii Ilma namaattis akkasuma in ta'a."

116 Amma ilaalaa, Waaqayyo kennaa guddaa nu gidduudhaa yoo qabaates, namni tokko achi goodaa kanaa, deebii itti kennu qaba. Innis magaalaa tokko seenee, Macaafni Qulqulluun, "Sababa amantii dhabina isaanii waan baay'ee hin hojjenne" jedha. Sirriidhaa? Har'as kanuma. Isa amanuu qabdu. Isa amanuu qofa. Karaan isin dandeessan kana qofaani.

117 Toorri kadhannaa qophiidhaa? Amma, namni hundi daqiiqaa kudhan qofaaf hafuuraan ta'aa. Achi darbuu fi dhiisuu koo hin beeku, gara digdamii shanii ykn soddomaa ta'anii achi dhaabbatanii argeera. Amma garuu, toora kadhannaa keessa kan jirtan, tokkoon tokkoon keessaniif keessummaa akkan ta'e ni beektu, waa'ee keessan homaa hin beeku, harka keessan ol kaasaa. Tokkoon tokkoon keessan toora kadhannaa keessa ta'aa.

118 Amma saba keessaa as ba'aa, an waa'ee keessan homaa akkan hin beekne beektu, harka keessan ol kaasaa. Amma, amma, waanan jechuuf yaalu kunooti, hiriyaa ko, ilaali. Amma, kunooti. Tajaajiltoonni kun hundinuu as waltajjii irra jiru. Kiristoos immoo abdii kana kenne. Argituu, barreeffamee jira.

Yoom ta'uu qaba? Bara dhumaatti, Dhufaatii Gooftaa dura. Sirriidhaa? Yeroo sanatti raawwatamuu qaba.

119 Amma, sun Sagalee har'a raajiin dubbatamedha. Ifa Luuter miti; ifa Weslee miti; akkasumas ifa Pheenxeqoosxee illee miti. Amma karaatti ol ba'ee jira. Luuteroonni gaarii dha; Meetodistiin gaarii dha; Cuuphaan gaarii dha; hundi isaanii, Pheenxeqoosxeenis, gaarii dha. Halkan kana gosti hunduu as taa'ee jira. Namoota dhuunfaa miti—miti—miti. Maali yoo . . .

120 Waa'ee Luuter waan tokko Metodistiitti himuu hin dandeessan, 'sababni isaas inni qulqullummaatti ni amana, Luuter immoo hin amanu. Argitanii?

121 Waa'ee "qulqullummaa hunda" gonkumaa Pheenxeqoosxeetti hin himtan, isaan haaromsa kennaa hafuuraayyuu arganiiru. Inni sanatti amanuuf hin dhufu. Lakki, sana kan caalu iyyuu qaba. Hubattanii? Kun bara waldaa isa dhumaa nuti qabnu yoo ta'u, kana booda barri waldaa kan biraan akka hin jirre Macaafni Qulqulluun ni dubbata.

122 Garuu walitti qabamni ummataa ta'uu qaba, ilaalaa, kunoo nutis as jirra. Amma, yaadadhaa, mallattoo isa dhumaati. Nuti namoota Ilma abdachiifame barbaadaa jirrudhaa? Harka keessan ol kaasaa. Kiristoos keessa jiraachuudhaan Sanyii Abrahaam ta'uu keessan ni amantuu? Harka keessan ol kaasaa. Sana booda, Sanyiin Abrahaam, mallattoo keessan fudhadhaa! Inni baabiloon keessa hin jiru, dhaabbata amantii addunyaa keessa hin jiru. Inni warra jeequmsa sana keessa hin jirre, as isin gidduu jira. Amanaa!

123 Dubartiin guutummaatti keessummaa anaaf taate, naannoo ta'etti umurii wal fakkaatu irra kan jirtu, tokko kunooti. Jireenya koo keessatti dubartii kana argee hin beeku. Osoon dubartii kana fayyisuu danda'ee nan fayisa, yoo isheen dhukkubsatte. Waa'ee ishee homaa hin beeku. Daqiiqaa muraasa dura yeroo isheen harka ol kaafte argitaniittuu? An—an ishee argee hin beeku. Isheen dubartii achi dhaabbattee jirtudha.

124 Har'a asitti gadi dhufanii kaardii kadhannaa baay'ee fidanii, hunda isaa walitti makanii ummataaf kennan. Tokko asii lakkoofsa tokko fudhate, dudduuba sanaa lakkoofsa kudhan, lakkoofsa kudha shan, lakkoofsa torba, lakkoofsa . . . akkasitti fudhatan. Guyyaa hunda, hundi isaanii, isin duratti wal makaa jiru. Yeroo waamaman immoo, bakka jiran hunda irraa waamamu. Hubattanii? Egaa, amma, kaardii kadhannaa qabaachuun iyyuu isin hin barbaachisu, iddoo teessan ta'atii amanaa. Maaliif hin danda'amu . . .

125 Halkan kana of qabaatii, sa'aatii keessa jirru baraa. Argitanii? Amma, xumuruutti jirra, hiriyoota koo. Xumuruu qofa!

126 Amma, Waaqni Abrahaam yoo Yesuus Kiristoosiin du'aa kaase, Yesuus guyyoota dhumaatti mallattoo wal fakkaatuun

akka mul'atu abdii kenne akka Abrahaam. . .akka Ergamaan Waaqayyoo (Waaqa foon namaa uffate) Abrahaam duratti, ilmi kakatameef osoo hin dhufin dura akka godhe, Yesuus har'as wanti wal fakkaatu akka ta'u dubbateera.

127 Amma, atoomikaa fi dhaabbatoota amantii, fi waan hundaa, jeequmsa isaan keessa jiranis argineerra. Biilii Giraaham, fi Ooraal Roobertisii, fi namoota hunda achi ala jiran argina; ergamaan Pheenxeqoosxee fi ergamaan dhaabbata amantii bakkee kanaa, waan gochaa jiran hundumaa, mallattoo isaan gochaa jiran argaa jirra. Biilii Giraaham, hayyuu ti'ooloojii beekamaa, kan dhaabbanni amantii isaanii itti amanudha. Ooraal Roobertis, fayyisaa beekamaa, kan warri Pheenxeqoosxee sirriitti itti amananidha . . .

128 Garuu as ilaalaa, wanti biraan Sanyii Abrahaamiif waadaa galame jira. Isaan achitti dhaabbata amantii gidduutti gadi bu'aniiru; wanti ta'uuf qabame waldoota amantii keessaa *ba'ee* jira, ummata walitti qabaniiru. Kana bor halkaniif dhiifna.

129 Ilaalaa, ani dubartii sana hin beeku. Dugda koo isheetti garagalcheera. Waaqayyo Gooftaan yoo waan tokko dubartii kanatti dubbate, waan—waan mana keessaa ta'uu danda'a, waan maallaqaa ta'uu danda'a, tarii dhukkuba ta'uu danda'a; An hin beeku. Dhugaa ta'uu fi dhiisuu isaa isheen ni beekti.

130 Waan kanaan dura hojjete sana halkan kanas yoo hojjete, Waaqayyoon ni amantaa. . .kakuun Yesuus Kiristoos bara dhumaatiif gale as akka jiru? Meeqan keessantu yeroo addunyaa guutuun haala Sodoomotaa keessa galte, akka bara Sodoom keessa jiraachaa jirra jedhee amana? Meeqan keessantu waanan galgala kana isinitti hime Dhugaa ta'uu isaa amana? Ijoollee fi Sanyiin Abrahaam, Waaqayyoon ni amanu!

131 Amma, kanaaf waanan dubartii sanaan jechuuf yaale sammuu keessan keessaa baasaa, fuula ishee ilaaluu, ykn waa'ee teelepaazii ykn waan beekuu barbaaddan hunda argadhaa. Namni waa'ee teelepaazii beeku kamuu kana caalaa miira gaarii qabaachuu qaba. Argitanii? Argitanii? Yeroo teelepaaziin Wangeela lallabu Argitanii beektuu? Hafuura ogummaa namaan Wangeela lallabee, mallattoo fi dinqii hojjetu, Yesuus Kiristoos Isa isuma sana ta'e kan labsu argitanii beektuu? Lakki.

132 Argitu, kun. . .yaada namootaa qofa. Argituu, isaan jaamaa dha. Jaamaa ta'uu akka danda'an ni amantuu? Macaafni Qulqulluun akka akkas ta'an dubbateera. Sirriidhaa? "Mataa ta'uu, sammuun olaanuu, Waaqayyoon jaallachuu caalaa warra gammachuu isaanii jaallatan, warra araara hin barbaanne, sobaan kan himatan, kan of hin qabne, warra gaarii tuffatan, bifa waaqayyummaa kan qaban, garuu Humna isaa ganu."

133 Wangeela Maatewoos 24:24 irratti, Yesuus akkas hin jennee, hafuuronni lamaan guyyoota dhumaa keessa jiran, osoo danda'amee, warra Filataman hamma gowwoomsanitti? Garuu

hin danda'amu. Jalqaba irratti isaan yaada Waaqayyoo keessa jiru, isaan qooda Waaqayyooti.

134 Waaqa Abrahaam, Yisihaaq, Yaaqoob, galgala kana waa'ee kee Dhugaa akkan dubbachaa jiru haa beekamu. Gooftaa, Inni Si'i. Gabroonni Kee gad of deebisuudhaan yaada mataa isaanii karaa irraa haa kaasan, akka Qaama keenya Ulfina Keetiif fayyadamuu dandeessutti. Maqaa Yesuus, Ilma Waaqayyootiin. Ameen.

135 Kennaan maali? Waan fudhattee kukkuttee deebistu miti. Lakki, lakki. Karaa irraa of kaastee akkamitti Waaqayyo akka sitti fayyadamuu danda'u beekuudha. Kennaan ofiikee ala baasuu qofadha, sana booda Waaqayyo sitti fayyadama.

136 Shamarreen na duubaan jirtu amma yoo hin fayyitu ta'e battalatti du'uuf jirti. Shamarreen na duubaan jirtu dhiyootti nama biraan kadhatameefii jira, dhiyootti. Kaansarii qabdi. Kaansarichi harma ishee keessa jira akkasumas somba ishee keessa jira. Dhiyoottis kadhatameefii ture, fayyina ishee amantiidhaan fudhachuuf yaalaa jirti. GOOFTAAN AKKAS JEDHA! isa jedhudha. Kun dhugaadhaa, Shamarree? [Obboleettiin akkas jette, "Eeyyee, dhugaadha mirkana'aadha."—Ed.] Yoo dhugaa ta'e, harka kee sabaaf raasi—raasi. Waaqni Abrahaam amma iyyuu jiraataadha! Tole, amanii deemi waan amantetti ni fayyita. Ameen.

Isin ni amantuu? Akkas jettu, "Sabni hoo?"

137 Dubartiin ishee waliin as taa'aa jirtu kun . . . tarree dhumaa irraa, sirrii sanaa shamarree lammaffaa. Yeroon achi garagalu waan tokkon arge, wanta naannoo hirree ishee jiru, dhiibbaa dhiigaa rukutu. Dhiibbaa dhiigaa olaanaa qabdi. Sirriidhaa shamarree? Harka kee ol kaasi. Yoo amante, dhiibbaan dhiigaa kee gadi bu'a. Waaqni Abrahaam ammallee bakka kana jira. Sirriitti Inni kaleessa isa turedha, Sagalee Waaqayyoo guyyaa kanaati!

138 Akkam jirta? Amma ni amantaa? Waaqayyotti amantii qabaadhu! Waan mucaa ta'e fakkaata ture. Waaqayyo garaa kee beeka, shamarree, ani hin beeku. Waaqayyo waan dogoggora ta'e natti mul'isuu akka danda'u ni amantaa? Yoo natti mul'ise Isa ni amantaa? Siif miti, nama biraatiif, inni obboleessa keeti. Innis baay'ee cimaadha, as magaalaa kaabaa, Tulaaree keessa jira. Innis hospitaala keessa jira, dhibee dhiigdoo qaba, doktooronni du'atti isa dhiisaniiru. Tasuma abdii hin qabu. Sirriidha. Ni amantaa? [Obboleettiin akkas jette, "Eeyyee."—Ed.] Tole. Harka kee keessaa maal qabda? Sana geessii isa irra kaa'i. Hin shakkin, amani. Ameen.

139 Ni amantuu? Jireenya koo keessatti shamarree kana argee hin beeku. Waaqayyo garuu Waaqayyo ta'ee jiraata! Amma, ilmi namaa kana gochuu yoo danda'e natti himaa. Kana gochuun hojii namaa keessa hin jiru. Inni Waaqa guyyoota dhumaa

kanatti Yesuus Kiristoos akka as jiraatu kana waadaa galeera akkuma bara Sodoom ture (Sanyii Abrahaam dura) Ofii Isaa mirkaneessaa jira.

140 Amma kunoo, shamarree kana hin beeku, waliif keessummaadha, jireenya koo keessatti yeroo jalqabaaf wal argine jedheen tilmaama. Garbicha Isaa ta'uu koo na amantaa? [Obboleettiin akkas jette, "Eeyyee."—Ed.] Kun Sagalee ta'uu ni amantaa? ["Eeyyee."] Sagaleen kun ammallee yaadaa fi akeeka garaa namaa gargar ni baasa yoo ta'e, kanas ni barta. Sirriidhaa? ["Sirriidha."] Akkasumas, yoo Itti amanuu dandeessan, Sagalichi Fayyisaa dha. Ni fayyitu. Gaaddidduu dukkanaatiin, golbobamtee jirta. Kaansariidha. Waaqayyo kaansariin kun eessa akka jiru akka natti himuu danda'u ni amantaa? Doktorri, garaa isa gadii keessa jedhe. Amma akka fayyitu ni amantaa? ["Ameen."] Dhaqi, gonkumaa hin shakkin, Waaqayyo si fayyisa. Ameen.

141 Hundi keessan, ni amantuu? Sirritti waan Inni kakuu gale qofa! Waaqayyottii amantii qabaadhaa, hin shakkinaa.

142 Nuti waliif keessummaadha. Ani isin hin beeku. Yoo keessummaa waliif taane, sabni haa beekanii, harka keenya wal qabna. Jireenya koo keessatti dubartii kana argee hin beeku.

143 Ati achumatti ni amantaa? Yesuus Kiristoos ta'uu ni amantaa? Maali inni? Sagalee Isaati. Namoonni kun yeroo Isa didan, nama didu miti, Sagalicha ganu. Kan alatti baafame Sagalichadha, deebi'ee ol galuu hin dandeenye.

144 Amma, shamarreen kun anaaf keessummaadha. Jireenya koo keessatti ishee argee hin beeku. Waaqayyo Fayyisaa dha. Inni fayyisuuf ykn dhiisuuf ta'uu danda'a, waan biraatiif ta'uu danda'a, garuu rakkoon kee maal akka ta'e Waaqayyo yoo naaf ibse, na amantaa? Jalqaba irratti kan ati kadhannaa barbaadduuf, dhukkubbii gurraa qabda. Gurra kee tokkoon, sirriitti dhaga'uu hin dandeessu. Sirriidha. Kun dhugaadha. Kan biraas amala tokko qabda, amala sana ofirraa kutuu barbaadda, innis sigaaraa xuuxuudha. Amma quba kee gurra kee isa fayyaa keessa kaa'i, tole, gurra kee isa fayyaa. Tole. Waaqayyoon amanii karaa kee irra deemi, hin . . . yoo amante kana booda sigaaraa hin xuuxxu. Deemi, Gooftaan si haa eebbisu.

Waan raawwatame argitaniittu. Inni dhugaa mitii?

145 Ani si hin beeku, nuti waliif keessummaadha. Jireenya koo keessatti si argee hin beeku, garuu Waaqayyo si beeka. Waaqayyo waa'ee kee yoo waa natti hime, ni amantaa?

146 Sabni hundi ni amantuu? Namni ala kanaa dubartii kana beeku jiraa? Saba keessaa namni dubartii kana beeku jiraa? Tole, kun dhugaa ta'uu fi dhiisuu isaa ni beektu. Kun nama tasgabbeessuu qaba. Kun dubbii dhugaa ta'uu qaba.

147 Amma daqiiqaa muraasa darban kana keessatti waan ta'e arguu dandeessu. Argitanii? Inni. . .Ani nan na'e. Argitanii? Inni, wanti hundi anaaf jaamaa ta'aa jira. Argituu, Hubannoodha. Argituu, Inni Hafuura Qulqulluudha. Ana miti. Sagalee guyyaa kanaaf waadaa galamedha. Kun bara ergamootaa asitti ta'ee hin beeku, ta'ee hin beeku. Garuu eessatti jedhame, "Dhufaatii Ilma namaa dura. Akkuma bara Loox ture, dhufaatii Ilma namaattis akkasuma in ta'a." Warri hin amanne Itti hin amanan. Itti amanuun isaan irraa hin eegamu. Garuu amantoonni Itti amanu!

148 Amma, Hafuurri Qulqulluun kana yoo mul'ise, meeqatu laphee guutuudhaan amana, harka keessan ol kaaftuu?

149 Balaan wayii sirra gaheera. Balaan konkolaataa si mudateera, lafee dudduubaa tokko tokko morma kee keessaa laaffiseera. Kaleen kees iddoodhaa socho'eera. Sirriidha, akkas mitii? [Obboleettiin akkas jette, "Eeyyee gooftaako."—Ed.] Ni amantaa? ["Eeyyee gooftaako."] Ni fayyita. Gooftaa galateeffadhu.

150 Waaqayyo dhukkuba kalee akka si fayyisu ni amantaa? Egaa fayyina kee fudhadhuu, karaa kee itti fufi.

151 Shamarree, kottu. Gara kana ilaali. Waaqayyo dhukkuba onnee akka fayyisu ni amantaa? Tole, amanii karaa kee irra deemi, onneen kee ni fayya.

152 As kottu. Waaqayyo dugda kee akka fayyisu, si fayyisuu akka danda'u ni amantaa? Egaa amanii karaa kee itti fufi.

Waaqayyoon amanuu qofa, kana qofa gochuu qabda!

153 Shamarree, kottu. Waaqayyo dhukkuba garaa akka fayyisu ni amantaa? Dhaqii, irbaata kee nyaadhu, laphee kee guutuun amani.

154 Kottu. Waaqayyo dhukkuba artiraaytes fayyisuu akka danda'u ni amantaa? Egaa, amanii, deemi. . .Waaqayyos si fayyisa.

155 Tole, kottu. Laphee guutuun ni amantaa? Ni amantaa? Ammas, dhukkuba artiraaytes. Waaqayyo si fayyisuu akka danda'u ni amantaa? Amanii, itti fufi, "Gooftaa, Galatoomi, jedhi."

Warri alaa meeqan keessantu amantu? Ni amantuu?

156 Shamarreen kun uffata diimaa uffattee as taa'aa jirti, harka ishee ol kaafteetti, dhiibbaa dhiigaatiin rakkachaa jirti. Waaqayyo si fayyisuu akka danda'u ni amantaa? Ni amantaa? Tole. Shamarree si bira jirtu sana irra harka kee kaa'i, sagaleen ishee akka gaarii ta'uuf jiru itti himi. Ameen.

Achi kuunnooti. Ameen. Ni amantuu? Amantii qabaadhaa!

157 Kunoo namni tokko as taa'ee jira, dhibee dhiigdoo dhiigaa qabda. As taa'aa jirta, ni amantaa, gooftaako? Eeyyee, dhibee dhiigdoo dhiigaa qabda. Nan fayya jettee ni amantaa?

158 Shamarreen si bira jirtus dhibee dhiigdoo dhiigaa qabdi, dhukkuba dugdaas qabdi. Waaqayyo akka si fayyisu ni amantaa? Ni amantaa? Harka kee ol kaasi fudhadhu. Amani.

159 Shamarreen sitti aantee jirtu kun miilla ishee fi jilba ishee irraa dhukkuba qabdi. Shamarree, kun sirrii ta'uu ni amantaa? Akka fayyitu ni amantaa? Tole, harka kee ol kaasii, "Ani fudheera," jedhi.

160 Tole, shamarreen isheetti aantee jirtu infekshinii qabdi. Shamarreen fuullee ijaa uffatte, Waaqayyo infekshinii akka fayyisu ni amantaa? Harka kee ol kaasi, "Ani fudheera," jedhi. Tole, amani.

161 Shamarreen ishee cina jirtu rakkoo kalee qabdi. Waaqayyo rakkina kalee ni fayyisa jettee ni amantaa shamarree? Tole, harka kee ol kaasii, fudhadhu.

162 Intalli xiqqoon ishee cina jirtu dhukkuba quufa mormaa qabdi. Waaqayyo dhukkuba quufa mormaa akka fayyisu ni amantaa? Harka kee ol kaasi, fudhadhu.

163 Meeqan keessantu laphee guutuudhaan amana? Egaa miilla keessaniin dhaabbadhaa fudhadhaa. Fuula Waaqa Abrahaam, Yisihaaq fi Yaaqoob dura dhaabbadhaa.

164 Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiin, amma Hafuurri Qulqulluun gamoo kana keessatti bu'ee nama hundumaa Argama Waaqummaa Isaan haa fayyisu!

*Waaqayyo Hiikaa Mataa Isaati* ORM64-0205
(God Is His Own Interpreter)

Ergaan kun karaa Obboleessa Wiiliyaam Maariyoon Biraanhaam, jalqaba Afaan Ingiliffaatiin kan darbe Roobii waaree booda, Guraandhala 5, 1964, Kerni Ka'unti Fe'irgiraawondi kan Baakersifiildi, Kaalifoorniyaa, U.S.A., jiru keessatti yoo ta'u, teeppii maaginetiin kan waraabame irraa fudhatamee osoo hin gaggabaabbatin Afaan Ingiliffaatiin kan barreeffamedha. Maxxansa Afaan Oromoo kana hiikee kan rabse Voice Of God Recordings dha.

OROMO

©2024 VGR, ALL RIGHTS RESERVED

Voice Of God Recordings
P.O. Box 950, Jeffersonville, Indiana 47131 U.S.A.
www.branham.org

## Beeksisa mirga waraabbii

Mirgi abbummaa seeraan kan eegamedha. Kitaabni kun akka meeshaa Wangeela Yesuus Kiristoos babal'isuuf gargaarutti, maxxansaa manaatiin maxxanfamuun dhuunfaatti fayyadamuuf ykn kaffaltii malee kennamuu ni danda'a. Kitaabni kun hayyama barreeffamaa ifa ta'e Voice Of God Recordings® malee, gurguramuu, baay'inaan baay'isuu, marsariitii irratti maxxanfamuu, sirna kuusaa keessatti kuufamuu, afaanota birootti hiikuu, ykn maallaqa gaafachuuf itti fayyadamuun hin danda'amu.

Odeeffannoo dabalataaf ykn meeshaalee biroo jiran yoo barbaaddan, maaloo teessoo armaan gadii fayyadamuun nu quunnamaa:

Voice Of God Recordings
P.O. Box 950, Jeffersonville, Indiana 47131 U.S.A.
www.branham.org